# Talallii Heeppatisisii/DhukkubaTiruu A

## *Maal beekuu barbaaddaa*

Many Vaccine information Statements are available in Spanish and other languages. See www.immunize.org/vis
Hojas de información sobre vacunas están disponibles en español y en muchos otros idiomas. Visite www.immunize.org/vis

## 1 Maaliifan talaallama?

Heeppatisisii/DhukkubaTiruu A dhukkuba hamaa tiruudha. Kunis kan dhufu vaayirasii Heeppatisisii/DhukkubaTiruu A (HAV) dhaan. HAVn bobbaa waliin waltuttuquudhaan namaa gara namaatti kan darbu yoota'u, kuni kan salphumatti muudachuu danda'u namni yoo harka isaa seeraan osoo hin dhiqatin hafeedha. Akkasumallee Heeppatisisii/DhukkubaTiruu A nyaata, bishaan ykn meeshaa HAV tiin faalameen dhufuu ni danda'a.

Mallattooleen Heeppatisisii/DhukkubaTiruu A kandabalatan:

- O'a qaamaa, dadhabbii, fedha dhabuu, shoomuu, balaqqamsiisuu, fi/ykn dhukkubbii hidhaa
- Dhukkubbiigaraahammaataagigaditeessisuu (Keessumattuudaa'imman), ykn
- Dhukkuba simbiraa (Gogaa ykn ija keelloo, finchaan xuraa'aa, sochii garaachaa bifa dhoqqeetiin)

Mallattooleen erga dhukkubichi qaqqabee booddee torbeewwan 2 hanga 6 gidduutti kanmuul'atan yoota'an, yeroo hedduu hanga ji'oota 2 turuu danda'a, akkasumas namoonni muraasnin hanga ji'oota 6 dhukkubsachuu danda'u. Heeppatisisii/DhukkubaTiruu A kan qabdan yoota'e hojjechuu hindandeessan ta'a.

Daa'imman yeroo hedduu mallattoolee hin qaban, garuu ga'eessonni ni qabaatu. HAV osoo mallattoo hin qabaatin daddabarsuu ni dandeessu.

Heeppatisisii/DhukkubaTiruu A dadhabbii tiruufi du'a ni qaqqabsiisa, kunis darbee darbee kan muudatu ta'ee, namoota umurii waggaa 50 fi isaa oliifi namoota dhukkuba tiruu biroo kanneen akka Heeppatisisii/DhukkubaTiruu B ykn C qabanirratti.

**Talaalliin heeppatisisii/DhukkubaTiruu A Heeppatisisii/DhukkubaTiruuA ittisuu ni danda'a.** Talaalliin heeppatisisii/DhukkubaTiruu A bara 1996 irraa kaasee Ameerikaa Keessatti ni kennama. Yeroosana irraa kaasee waggaa waggaadhaant a'iiwwan hedduun Ameerikaa keessatti ni gabaafamu, kanumaan dhukuboonni 31,000 gara 1,500 tiigadibu'ee jira.

## 2 Heeppaatitiisii/T Tiruu talaallidha.

Talaaliin Heeppatisisii/DhukkubaTiruu A vaayiresii dhukkubichaa dadhabsiisuun (ajjeesa) qophaa'a. Eegumsa yeroo dheeraatiif doozii **2 hamma**. Dooziiwan kun kan kennamu ji'a 6 walirraa fagaachuudhaan ta'a.

Daa'imman irra deddeebiidhaan yeroo da'uumsaa 1ffaafi 2ffaa gidduutti (yeroo umurii waggaa 23 keessatti al 12) kan talaallaman ta'u. Daa'imman guddataniifi ga'eessoonni talaallii ji'oota 23 booddee kan fudhatan ta'u. Ga'eessonni Kanaan dura hin talaallaminiifi Heeppatisisii/DhukkubaTiruu A irraa ittisamuu qabaatan talaallii kan argatan ta'u.

Talaallii Heeppatisisii/DhukkubaTiruu A arachuu kan qabdan:

- Gara biyya Heeppatisisii/DhukkubaTiruu A jiru deemtu ta'e,
- Dhiira, dhiira biraa waliin walqunnamtii saalaa geggesse,
- Qorichoota seeraan alaa fayyadamu ta'e,
- Dhukkuba tiruu hammaataa kanneen akka Heeppatisisii/DhukkubaTiruu B ykn C qabdu taanaan,
- Sababa rakkoo itituu taa'uutiin,
- Qorannaa laaboraatoorii beeylada Heeppatisisii/DhukkubaTiruu An qabamerra hojjetu yoo ta'e ykn qorannoo Heeppatisisii/DhukkubaTiruu Anqabameirratti hojjetu yoo ta'e,
- Biyya Heeppatisisii/DhukkubaTiruu A barame keessaa nama iguddifachaatiin fudhattan waliin hariiraa yoo qabaattan

Waa'ee gareewwan kanaa odeeffannoo dbalataa argachuu yoo barbaaddan kunuunsa tajaajila fayyaa kan isiniif dhiheesu gaafadhaa.

Akka talaallii biroo talaallii Heeppatisisii/Dhukkuba Tiruu A argachuu waliin miidhaan beekkamaa ta'e hin jiru.

## 3 Namoonni muraasni talaallii kana hin argatan

Nama talaallii siif kennutti himi:

- **Yoo dhukkubbii miidhama lubbuu qaqqabsiisuu danda'u qabaattan.**
  Talaallii Heeppatisisii/DhukkubaTiruu A booddee miira lubbuu keessan miidhuu danda'an muudate, ykn talaallii kan irratti miidhaa hammaataa kan qabaatu ta'e, akka hin talaallamne kan gorfamtan ta'a. Waa'ee qabiyyee talaallii odeeffannoo kan barbaaddan ta'e buufata fayyaa isiniif dhiheessu gaafadhaa.

U.S. Department of Health and Human Services
Centers for Disease Control and Prevention

- **Yoo miirri gaariin isinitti kan hin dhagahamne ta’e.** Yoo dhukkubbii muraasa kan akka qofaa, kan qabdan ta’e, talaallii har’afudhachuu qabdu. Yoo xiqqoo ykn gar-malee kan dhukkubsattan ta’e, hanga dandamattanitti eeguu qabdu. Doktorri/Ogeessi fayyaa keessan isin gorsuu danda’a.

## 4 Rakkinoota talaalliidhaan dhufan

Qoricha kamiyyuu waliin, talaallii dabalatee, carraan miidhaa nijiraata. Yeroo hedduu salphaafi ofiin kan gadi dhiisaniidha, garuu tarkaanfiin qabatamaa ta’e garuu ni barbaachisa.

Namoonni hedduun talaallii Heeppatisisii/DhukkubaTiruu A argatan rakkina tokkollee waliin hin qaban.

**Rakkinoonni muraasni** talaalliiHeeppatisisii/DhukkubaTiruu A walqabatanii dhufan:
- Dhukkubbii ykn diimachuu iddooittiin kenname
- Dhukkuba tiruu sadarkaa gadii
- Boowwoo mataa
- Dadhabbii

Yoo rakkooleen kunneen muudatan, akkuma talaalliin fudhatameen kan jalqabaniifi hanga guyyaa 1 ykn 2 turuu ni danda’a.

Waa’ee kanaa Doktorri hedduu isinitti himuu ni danda’u.

**Rakkinoo tatalaallii kana booddee muudachuu danda’an:**

- Namoonni yeroo hedduu yaalaan booddee ni dadhabu, kunis talaallii dabalatee ta’a. Daqiiqaawwan 15 taa’uun ykn boqachuun dadhabbiifi miidhaa kufuudhaan qaqqabu ni ittisa. Fajajuu ykn agartuun jijjiiramu ykn gurra keessaa iyyuun yoo isinitti dhagahamu dhiheessaa keesanitti himaa.
- Namoonni hedduun miidhaa hedduu dhukkubbii gateettiifi dhukkubbii yeroo hedduudhaaf turee hanga lilmoo waraanamanitti geessisuu danda’a. Kuni darbee darbee raawwata.
- Qorichi kamiyyuu miidhaa gaarii hin taane qaqqabsiisuu danda’a. Rakkinni akkasii talaalliirraa baay’ee muraasa, qorichoosa miiliyoona keessaa 1 kan tilmaamamuufi talaalliidhaan booddee daqiiqaawwan muraasaa hanga sa’aatiiwwan muraasaatti kan muudachuu danda’auudha.

Akkuma qoricha biroo, talaalliin dhukkubbii hamaa ykn du’a qaqqabsiisuu danda’u carraan isaa xiqqaadha.

Qulqullinni talaalliiwwanii yeroo hedduu kan to’atamuu danda’aniidha. Odeeffannoo dabalataaf: **www.cdc.gov/vaccinesafety/**

Akka hayyama eegumsa fayyaa Kennuufi, haala gabaas Talali sirritti, qoranno talalitifi, saganta gaha tahe, Talale fuul duraatif gabaasni ni ergama eegumsa gaime fooyyessu Michiganifi, Namoonni dhunfaa, akk gaafatan dhaabbat gargaars fayyaa isaaniif kennu, akka gaabaas talale full duraa akk galmeet hin ergin Mirga qaban.

DCH-0452O AUTH: P. H. S., Act 42, Sect. 2126.

## 5 Rakkinni hamaa ta’e yoo jiraate hoo?

**Maalan barbaadaa?**
- Dhimma isin ilaallatu ilaalaa, fakkeenyaaf mallattoolee miidhaa miiraa dhukkubbii hamaa, o’a qaamaa, ykn jijjiirama amalaa.

  Mallattooleen miidhaa dhukkubbii hamaa kan dabalatu, adda bahuu, dhiita’uu fuulaafi qoonqoo, rakkina hargansuu, fajajuufi dadhabbiidha. Kuni talaallidhaan booddee daqiiqawwan muraasaan booddee hanga sa’aatiwwan muraasatti kan eegalu ta’a.

**Maal gochuutu naaf ta’aa?**
- Yoo a **miidhaa hamaa simannaa** qaqqabsiisu ta’e ykn muddama eeguun hin danda’amne ta’e, 9-1-1 irratti bilbilaa ykn nama Hospitaalaatti dhihaatu dubbisaa. Kana yoo ta’uu baate garuu, Kiliinika keessaniif bilbilaa.

  Kana booddee, gochi sirna gabaasa miidhaa talaalliif (VAERS) kan gabaafamu ta’a. Doktarri/Ogeessi fayyaa keessan gabaasa kana ni galmeessa, ykn ofii keessaniif marsariitii VAERS tiin hojjechuu ni dandeessu **www.vaers.hhs.gov**, ykn bilbila **1-800-822-7967** bilbiluudhaan.

*VAERS tajaajila gorsa fayyaa hin kennu.*

## 6 Sagantaa Beenyaa Miidhaa Talaallii Biyyoolessaa

Sagantaan Beenyaa Miidhaa Talaallii Biyyoolessaa (VICP) sagantaa Biyyoolessaa Federaalaa miidhaa talaalliwwaniin dhufaniif beenyaa kennuudhaaf hundeeffameedha.

Namni miidhaan sagantaa Kanaan dhufuu isaaitti amanu waa’ee sagantaa kan baratuufi bilbila **1-800-338-2382** irratti bilbiluudhaan gaaffii gaafachuu kan danda’uu ykn weebsayitii VICP **www.hrsa.gov/vaccinecompensation**. do’achuudha. Beenyaa gaafachuudhaaf daangaan yeroo ni jira.

## 7 Akkamittan hedduu barachuu danda’aa?

- Nama kunuunsa fayyaa siif dhiyeessu gaafadhu. Inni ykn isheen golga talaallii seenu isiniif kennuu ni danda’u ykn madda odeeffannoo biroo caqasaa.
- Qajeelcha fayyaa ganda ykn bulchiinsa keessaniif bilbili.
- Giddugala To’annaafi Ittisa Dhukkubaa (CDC) qunamaa:
  - **1-800-232-4636** (**1-800-CDC-INFO**) bilbilaa ykn
  - marsaritii CDC **www.cdc.gov/vaccines** do’adhaa

Vaccine Information Statement

# Hepatitis A Vaccine - Oromo

7/20/2016

Office Use Only

42 U.S.C. § 300aa-26

Translation provided by Minnesota Department of Health